



# WIXINEE- 3/18/21

## Kutaa Tajaajila Manguddoota, Qaama Miidhamaa, fi Goototaa kan 2021-2025 Karoora Naannoo

Kutaan Tajaajila Manguddoota, Qaama Miidhamaa, fi Goototaa (ADVSD) Karoora Naannoo Manguddootaa irratti Ejensii Naannoo kan 2021-2025 irraa cuunfaa wixinee galmoota fi kaayyoowwan armaan gadii ni dhiyeessa.

### Manguddoota Dhalattoota Ameerikaa

1. Manguddoota Dhalattoota Ameerikaa Ejensiwwan isaaniin tajaajilan deeggaruudhaan tajaajili.
  - a. Dursi manguddoota dhalattootaa, kunuunsa fi sirnaan qabatamuu isaaniin kan walitti dhufeenya qabu, akkasumas kan maatii, gosa, fi hawaasa gosa isaanii, ADVSD'tiin ni hubatamu, dursis ni kennamaaf.
  - b. Manguddootni Dhalootaan Ameerikaa ta'an caalmaatti sagantaalee fi tajaajila ADVSD'tiin dhiyaatuuf ni fayyadamu.

### Ga'eessota umuriin isaanii guddaa Saala jijiirratan (transgender) fi Saala lameenuu hin taane (Nonbinary) fi Manguddoota dhiiras, durbas hin taane (Two Sprit)

1. Ga'eessotni umuriin isaanii guddaa Saala jijiirratan (transgender) fi Saala lameenuu hin taane (Nonbinary) fi Manguddootni dhiiras, durbas hin taane (Two Sprit) hawaasa isaan kunuunsu waliin akka gaariitti walitti hidhamiinsa ni qabu, tajaajiloota fi sagantaawwan yeroo dullooman kunuunsa, bilisummaa, fi ofiin mурteessuu akka danda'an kan deeggaru ni fayyadamu.
  - a. Lakkoofsa ga'eessota umuriin isaanii guddaa Saala jijiirratan fi Saala lameenuu hin taane fi Manguddoota dhiiras, durbas hin taane kan tajaajila ADVSD fi neetwoorkii tajaajila manguddoo barbaadanii fi argatan dabali.
2. Gaggeessaa ga'eessota umuriin isaanii guddaa Saala jijiirratan fi Saala lameenuu hin taane fi Manguddoota dhiiras, durbas hin taane a ga'eessota umuriin isaanii guddaa fi namoota qaama miidhamaa tajaajila argachuuf adeemsa hawaasa giddu galeessa godhate.
  - a. Ga'eessota umuriin isaanii guddaa Saala jijiirratan fi Saala lameenuu hin taane fi Manguddoota dhiiras, durbas hin taane fedhii isaanii manaa fi tajaajila hawaasaan walqabatee jiru adda ni baasu, dursa kenu, akkasumas yaada furmaataa ni kenu.

### Odeeffannoo & Gargaarsa (I & A) fi Quunnamtii Tajaajila Manguddootaa & Qaama Miidhamaa (ADRC)

1. Ga'eessotni umuriin isaanii guddaan, namootni qaama miidhamaa ta'an, fi kanneen isaan kunuunsan ADRC akka meeshaa ittiin adeeffannoo, maddeen, fi tajaajiloota ittiin argataniitti beekamtii kenu, ittis fayyadamu.

- a. Qofaatti baafamu fi kanneen qaqqabamummaa irratti danqaa ta'an kan ga'eessota umuriin isaanii guddaa irra qaamaan, aadaadhaan, ykn afaan-dubbiin qofaatti baafaman irra gahu xiqqessuun Itti fayyadama ADRC dabaluu
- 2. Ga'eessotni umuriin isaanii guddaa, namootni qaama miidhamaa ta'an, maatiin isaanii fi kunuunsitootni isaanii odeeffannoodhaan, caqasaan, fi neetwoorkii gargaarsaatiin maddeen fi tajaajilootatti sirriitti walitti hidhamiinsa qabu.
  - a. Miiltoowwan fi dhaabbatootni hawaasaa walitti hidhamiinsa hawaasaa qaban kanneen eenyummaa seenaa fi malaan gara qarqaraatti dhiibaman waa'ee ADRC fi neetiwoorkii I & A ni beeku, ni fayyadamus.

### **Tajaajila Nyaata Madaalawaa**

- 1. Ga'eessotni umuriin isaanii guddaa nyaata gahaa kan argatamuu danda'u, aadaadhaan sirrii kan ta'e, fi fayyummaa isaanii kan deeggaru ni qabaatu
  - a. Itti fayyadama sagantaawan nyaata madaalawaa federaalaan deeggaramu, kanneen akka Sagantaa Dhiyeessa Deeggarsa Nyaata Madaalawaa ykn SNAP, ga'eessota umuriin isaanii guddaan dabaluu
  - b. Fedhiwwan ga'eessota umuriin isaanii guddaa adda addaa guutuudhaaf nyaata kaffaltii gadi aanaadhaan ykn kaffaltii malee gosa garaa garaan dhiyeessuu.
- 2. Ga'eessota umuriin isaanii guddaa fi namoota qaama miidhamaa ta'aniif, namoota eenyummaa isaaniitiin seenaadhaan fi malaan dhiibamaniif dursa kennuudhaan nyaata akka argataniif tattaaffiwwan deeggarsaa kan hawaasaan gaggeeffamu dabaluu
  - a. Ga'eessota umuriin isaanii guddaa kanneen eenyummaa isaaniitiin seenaa fi malaan dhiibamaniif nyaata argachuu fi qabeenya soorata madaalawaa dhaqqabsiisuun dursi kan kennamuufidha.

### **Fayyaa Guddisuu**

- 1. Ga'eessota umuriin isaanii guddaa fi namootni qaama miidhamaaan deeggarsa akka gaariitti qabatamuu fi fayyummaa qaamaa fi sammuu irratti hawaasa isaanii walii ciminaan walitti hidhamaniiru.
  - a. Ga'eessota umuriin isaanii guddaa karaa guddina miiltoowwanii fi neetwoorkiitiin jiraachuu dareewwanii fi gochoota fayyaa guddisan dabaluu.
- 2. Haalota rakkisaa furuuf, fayyaa fooyessuuf, fi qoqcoobamu hir'isuuf, ga'eessotni umuriin isaanii guddaa gochoota fayyaa guddisan irratti sirriitti ni hirmaatu.
  - a. Ga'eessotni umuriin isaanii guddaa caalmaan fayyummaa fi nageenya isaanii deeggaruuf gochaawan keessatti ni hirmaatu.

### **Kunuunsitoota Maatii**

- 1. Tajaajiloota kunuunsa maatii fi qabeenyotaa maatii fi kunuunsitoota idilee hin taaneef tajaajila hawaasota seenaa fi malaan dhiibamaniif dursa kennuun guddisuu.
  - a. Hirmaanna maatiidhaan fi kunuunsitoota idilee hin taaneen guddisuu, hawaasota seenaa fi malaan dhiibamanirra tajaajila kunuunsitootaaf dursa kennuu.
- 2. Kunuunsitootni maatii tajaajila nama sana giddu galeessa godhatee fi aadaadhaan addumatti isaan ilaallatu ni argatu.
  - a. Lakkofsa kunuunsitoota maatii, tajaajiloota aadaadhaan barbaachisaa ta'anii fi deebii kennuufii danda'an dabaluu.

## **Mirgoota Manguddootaa fi Deeggarsa Seeraa**

1. Ga'eessotni umuriin isaanii guddaa ta'an gorsa seeraa karaa Piroojektii Seeraa Olaanaatiin ni argatu, hawaasota kanneen seenaa fi malaan dhiibamaniif xiyyeefannoonaan bal'aan ni kennama.
  - a. Wagga waggaadhaan deeggarsi seeraa giddu galeessaan manguddoota hangafaa 900 ta'aniif ni kennama.
  - b. Karaa Piroojektii Seeraa Olaanaatiin manguddoota seenaadhaan fi malaan dhiibamaniif tajaajiluuf dandeettii guddisuu.
2. Deeggarsa hiriyyaa fi ofiif falmachuudhaaf ga'eessotni umuriin isaanii guddaa ta'an qabeenya hawaasarratti hundaa'u ni qabu.
  - a. Qabeenya ofiif-falmachuu fi neetiwoorkii hiriyyaa kan duraan jiru beeksisuudhaaf duula sosochii alaa guddisuu.

## **Bulchiinsaa fi Qabeenyota Geejjibaa**

1. Ga'eessotni umuriin isaanii guddaa qabeenyota geejjibaa isaaniif dhiyaate ni hubatu
  - a. Miseensota hawaasaa seenaa fi malaan dhiibamaniif dursi kennamee, qabeenyotni geejjibaa ga'eessota umuriin isaanii guddaaf fedhii guddaadhaan ni raabsamu,
  - b. Qabeenyotni geejjibaa mala tajaajila ga'eessa umurii guddaa keessatti guutummaatti qindeeffamaniiru.
2. Qabeenyotni geejjibaa filannoo hawaasaaf dursa kan kennanii fi pirootokoolii ittisa koovidiif dursa ni kenu.
  - a. Fedhiiwanii fi filannoowwan ga'eessota umuriin isaanii guddaa kan geejjibaan walqabatan kanneen dhiyeessii tajaajilaan fi KOOVID-19 waliin walitti dhufeenya qaban ADVSD'tiin ni hubatamu, biras ni gahamu.